YEROO LOLA'U...

Qophaa'aa! Waa'ee lolaa gadi fageenyaan *kingcounty.gov/floodservices* irraa argadhaa

DURA

1 **Balaa lolaa keessan beekaa.** Barruun kun isiniif ergameera yoo ta'e, manni keessan yookiin qabeenyaan keessan dhiheenya yookiin qarqa lolaa keessa jira lafa lolaa. Caalaatti **kingcounty.gov/FEMAmap** irratti baradhaa yookiin lakk **206-477-4812** n bilbilaa

2 **Inshuraansii lolaa bitadhaa.** Inshuraansiin abbummaa qabeenya manaa baramaan kasaaraa lolaan dhufu hin haguugu, imaammata inshuraansii lolaa haaraa irratti yeroon eegaa guyyoota 30 jiraachuu danda'a.

Kana irratti **floodsmart.gov** caalaa baradhaa yookiin **800-427-4661** irratti bilbilaa

3 **ofii keessanii fi maatii keessan eegaa.**

- Karoora balaa tasaa maatii, qonna, yookiin daldala keessanii haaromsaa fi miseensonni maatii yoo addaan ba'aniif bakka walga'ii filadhaa.
- Mana keessan yookiin daldala keessan irraa gara lafa olka'aa ta'etti karaalee baay'ee beekaa.
- Mana yookiin qabeenya keessan eeguuf qalqalloo cirrachaa fayyadamaa (bakka bilisaan raabsamu kaartaa irra ilaalaa).
- Sararriiwwan naannoo kan qabaman yoo ta'e, hiriyyaa-keessan naannoon yookiin firri odeeffannoof haa bilbilan.
- Meeshaal yeroo balaa tasaa walitti qabaa (asiin gadi ilaalaa).
- Ollaa walinis waa'ee qophaa'insa lolaa, muxannoowwan duraanii fi deeggarsa ati yookiin isaan barbaadan wayii yoo jiraate waliin haasa'aa.

4 **Qabeenyaa fi beeyiladoota manaa keessan balaa lolaa irraa eegaa.**

- Konkolaataa, meeshaalee, fi loon/bineeldota gara lafa ol ka'aatti geessuun wantoota gatii jabaa baasaniifi kemikaaloota mana keessaa sadarkaa lolaan qaqabuun olitti olkaa'aa.
- Gadiitoo fi taankara akkasumas kuusaawwan boba'aa kan biraa amansiisaa ta'u mirkanneessaa.
- Bishaan lolaa akka yaa'aa balfaa keessa ol hin deebine ittisuuf gamoo keessa karaa yaa'aatiin cuftuu itti tolchaa.
- Yaa'aa roobaa keessatti gonkuma balfaa hingatiinaa; gataafi hafaa horii bakka balfaan itti kuufamu keessa kaa'aa; karaa irra darbamu, ashandaa bishaanii, daandii irra konkolaachisamu fi bakkeewwan cirracha uwwifame kan biraas qulleessaa. Bishaan roobaa qulqulluun suphaa gadaanaa kan barbaaduufi lageen, fi yaa'awwan keenya eeguun qulleesinee dhugaatiif, bineensaaf oolchuuf nu gargaara, fi bashananaaf.

DAMMAQSITUUF GALMAA'AA

Dammaqsituu sirnawwan lageen adda addaa King Country keessaatiif galmaa'uuf **kingcounty.gov/flood** daawwadhaa.

TURTII

1 **Naannoo lolaa keessa hin deemiinaa, hin daakiinaa, hin konkolaachisiinaa.** Duubatti naanna'aa. Hin liqimfaminaa.

2 **Konkolaataan keessan bakka lolaadhaan guutametti yoo dhaabbate, hamma danda'ame dafaa dhiisaa.** Karaa nagaadhan irra dhuftan irra deebi'aa.

3 **King County Flood Warning Centerf bilbilaa** odeeffannoo haala lolaa fi tilmaamaaf 206-296-8200 or 800-945-9263 irratti.

4 **Beeksisa baqachuu abbootii aangoo irraaf qophaa'aa.** Akka baqattaniif yoo gorfamtan dafaatii raawwadhaa. Daandii akka irra baqattaniif akeekame hordofaa, karaan gabaabaan cufameera ta'uu waan danda'uuf.

5 **sababa bishaan hatattamaan ol bahaa jiruuf nageenyaan mana yookiin gamoo keessanii bahuu yoo hin dandeenye gargaarsaaf lakk. 911 tti bilbilaa.** Isa booda gara darbii oliitti yookiin baaxiitti ol bahaa. Ho'istuu, uffata bishaan ofirraa ittisu, tiriikkaa, bilbila harkaa, fi raadiyoo baatamee adeemamu qabadhaa.

6 **Yeroo balaan hatattamaan mudatu, garuu yoo yeroon eyyame:**

- Bakka madda boba'aa keessanii cufaa.
- Cuftuu annisaa mummee irraa tajaajilawwan gamoo keessan keessaa hundaa dhaamsaa. Yoo kan bakka gogaa jiru yookiin ati kan muka gogaarra kan dhaabbate ta'e malee, kophee komeensaa pilaastikii yookiin uffata harkaa pilaastikii kaawwattan malee meeshaa elektirikaa kamu hin xuqiinaa.
- Istaatistiksii lolaa kan akka yeroo, dubbisa safartuu, fi olka'iinsa lolaa naannoo galmeessaa, gara fuulduraatti lolaa naannoo keessan keessatti mul'atu hubachuuf akka itti fayyadamtaniif. Mana yookiin lafa daldalaa keessanitti waan ilaaltan addaas itti dabalaa.

GARGAARSA BARBAADDUU?

Yoo gargaarsi qabeenya keessaniif akka taasifamu feetaniif, qabeenyi keessan balaa loolaaf saaxilamuu isaa mirkaneeffachuuf, yookiin ragaa olka'iinsa lolaa beekuuf lakkoofsa bilbilaa kana irratti bilbilaa. **206-477-4812** .

BOODDEE

1 **Gara mana keessanitti deebitanii galuun dura miidhaa caasaa cimaa ,** yaa'awwan boba'aa, manca'ina elektirikaa, fi shiboowwan tamsaasa.

2 **Ogeessi sirna hoo'isaa keessan akka ilaalu taasisaa paanaalii elektirikii, bakka itti bahu, fi meeshaalee nageenyaaf fayyadamuu dura.** Dhaabbata gaazii bilbiluun gaaziin akka deebi'ee banamu taasisaa.

3 **Meeshaalee mana keessaa, nyaata, dhiyeessii bishaanii, fi qabeenya of eeggannoon qulqulleessuuf adeemsawwan hojii hordofaa.**

4 **Kasaaraa keessan galmeessaa.** Miidhaa suura kaasaa fi baasii suphinsaa galmeessaa. Gaaffii balaa lolaaf bakka bu'aa Inshuraansii quunnamaa.

5 **Iddoo bishaan gahe ol'aanaa mallattoo** itti godhaa manaa keessanitti yookiin caasaa miidhame.

6 **Bu'uura manaa lolaan itti seene suuta suutaan keessaa waraabi** (guyyaatti tokko sadafafa bishaanii) baasuun mancaatii caasaa manaa ittisaa.

7 **Cirracha qalqalloo cirrachaa keessaa gara lagaa hin naqiinaa** qulqullina bishaanii waan booressuuf. Gara fuula duraa itti fayyadamuuf kuusaa.

8 **Oduuwwan biyya keessanii ilaalaa** waan haaraa gargaarsa balaa fi adeemsa galmeetiif jechuudha.

Itti Gaafatamummaa Ijaaruu

Misoomni suluula lolaa keessatti gaggeefamu kamuu hayyama barbaachisa. Ijaarsa haaraa, haaromsa gamoo, itti daballi, baqachuu, ol kaasuun, guutuu yookiin jijjiramni gamoo keessan irratti taasifamu kan biraas hayyama aragachu kan barbaaduufi danbiiwwan to'annoo suluula lolaa hawaasa keessanii kan hordofe ta'uu qabaata. Suphaan yookiin fooyya'iinsi gamoolee taasifamu kamiyyuu lafti lolaa gatii isaanii keessaa dhibbeentaa 50 ol ta'e olka'uu yookiin lolaa irraa biliisa ta'uu qaba.

Itti gaafatamummaa ijaaruun namoonni fi gamoowwan lolaa irraa nageenya akka qabaatan taasisa. Dambiiwwan bulchiinsa lafa lolaa naannoowwan keenya lolaadhaaf saaxilaman tokkoon tokkoon isaanii hir'isuun namoota achi jiraatanii fi hojjetan hundaaf balaa akka hin qabne taasisa dhiibbaa guddinaa qabeenyota kan biroo irratti.

Pierojketii eegaluun dura eejansii heeyyam aangoo keessan yookiin qajeelcha tajaajilawwan naannoo, kutaa heeyyamaa lakk. **206-296-6600** irratti bilbilaafii yookiin kana keessa galaa **kingcounty.gov/permits**

Dhiyeessii meeshaalee yeroo balaa gorfaman Caalaatti kunoo: **Ready.gov/kit**

- Reediyoo baatirii-yookiin dhagaatiin hojjetu fi baatiriiwwan dabalataa
- Meeshaalee gargaarsa jalqabaafi xurumbaa
- Tiriikkaa baatirii dabalataa waliin
- Galmeewwan barbaachisoo qabduu laastiikii keessatti (heeyyama konkolaachisummaa, inshuraansii, odeeffannoo baankii, fi odeeffannoo qunnamtii)
- Maatiifi beeladoota keessaniif bishaan guyyaa hedduu fi nyaata hin badne
- Uffata ho'uu, kophee cimaa/boottii fi uffata alkanii
- Dhiyeessii qulqullina dhuunfaa fi eegumsa qulqullinaa
- Qorichoota ajajaan kennaman
- Meeshaalee daa'immaniif mijatan (uffata alkanii, kitaabaa, ashangulliitii)
- Bilbila chaarjerii waliin fi baatiriiwwan dabalataa waliin

Waraqaa irra deebiin tajaajilu irratti maxxanfame. maaloo irra deebiin itti fayyadamaa.
Waliigala

KING COUNTY FLOOD CONTROL DISTRICT
516 Third Ave. Room 1200 • Seattle WA 98104
kingcountyfloodcontrol.org

PRSRT STD
U.S. POSTAGE
PAID
SEATTLE WA
PERMIT NO. 6013

2022-2023

LOLAAF QOPHAA'AA

QAJEELFAMA KEESSAN QOPHII LOOLAA KING COUNTY KEESSATTI

AKKAM
Biroocharii kana poostaadhaan yoo isin qaqqabe manni yookiin qabeenyi keessan iddoo lolaa bishaanii keessatti yookiin itti dhiyootti argama.

KAARTAAWWAN LAGOOTA KING COUNTY

Dura Taa'aa Dave Upthegrove

Kana gochuu dandeenya!

Ergaa Kutaa To'annoo Lolaa King County irraa

Mee itti haa deemnu—waggoonni muraasni darban ciccimoo turan. Hundi keenya jijjiiramuu naannoo keenyaan mancaatii dabalatee miirri dhiphinaa nutti dhagahamaa jira dhiibbaa haala qilleensaa—ho'a gubaa, ibidda bosona, fi lolaa. Oduun gaariin qorumsa kana argineerra fi itti fufnees ni argina. Yeroo rakkisaa keessa akka jirru ni beekna ni hubanna walitti harkisaa, wal ilaalaa, waan fuuldura jiruuf qophaa'aa.

Har'a balaa lolaa King County baay'ee dhugaa ta'eef akka qophooftanisin gaafachaan jira.

Lolaan balaa uumamaa King County keessatti baay'inaan mul'atu yoo ta'u, kanaafidha Kutaan To'annoo Lolaa King County hawaasni lolaa akka tilmaamu, akka qophaa'u fi irraa akka dandamatan gargaaraa jiruuf. Aanichi suuraa guddaa ilaalee mala bulchiinsa lolaa waliigalaa, walitti hidhame fayyadamuun nageenya hawaasaa, dinagdee fi naannoo keenyaa eega. Namoonni lolaadhaaf akka qophaa'an gargaaruun qaama hojii kanaa isa murteessaadha.

Karaalee lolaadhaaf qophaa'uu dandeessan muraasni kunooti:

- **Balaa lolaa keessanii beekaa.** kana daawwadhaa *kingcounty.gov/FEMAmap* teessoo King County kamiyyuu ilaaluuf yookiin 206-477-4812 bilbilaa.
- **Inshuraansii lolaa argachuuf** gara *floodsmart.gov* deemaa kee madaaluuf tilmaama balaa lolaa olaanaa fi bakka bu'aa argachuu.
- **Odeeffannoo qabaadhaa.** Dammaqsituu Lolaa King Countryf galmaa'aa fi King County Flood Warning App *kingcounty.gov/flood.* irraa buusaa.
- **Duubatti deebi'aa. Hin liqimfaminaa.** NGonkumaa bishaan lolaa keessa hin deemiinaa, hin daakiinaa, konkolaataa hin oofinaa.
- **Odeeffannoo kana qqodaa.** Maatii hiriyyaa fi ollaa keessan beeksisaa.

Ofii fi namoota jaallattan yeroo lolaa bara kanaaf waan qopheessitaniif galatoomaa.

Dave Upthegrove
Dura Taa'aa To'annoo Lolaa Bishaanii Aanaa King County

kingcountyfloodcontrol.org | @CMUpthegrove

Dizaayiniin Pirojektii Lower Russell Levee Setback's amaloota dhangala'aa mudaa fi bakka jireenyaa guddisuu of keessatti qabata, Ebla 2022.

Pirojektiin ijoo Suluula Laga Green Gadii eeguu xumuramuutti dhihaate. Deeggarsi Lolaa Aanaa hawaasni lolaa hir'isuuf, dandamachuu hawaasaa akka dabalu, fi naannoo fooyyessuuf gargaara.

Aanaan To'annoo Lolaa King County namoota, qabeenya, fi naannoo guutuu King County keessatti eeguuf pirojektoota eegumsa lolaa murteessoo ta'an ni raawwata, xumureera. Daldaltoonni suluula Green River keessatti argaman oomisha waliigalaa biyya keessaa Waashingitan keessaa tokko saddettaffaa ol gumaachu. Kana keessatti pirojektiin barbaachisaan qabeenya dinagdee kana eeguuf hojjetame ni xumurama. Pirojektiin Lower Russell Road Levee Setback—invastimantii kaappitaalaa guddaa Aanichaa hanga ammaatti ta'e—hojii waggaa torbaa fi yeroo ijaarsaa sadii ol booda xumurame. Pirojektiin kun manaa fi daldala haala gaariin eeguu fi bakka jireenyaa qurxummii fi bineensota bosonaa qarqara lagaa fi bishaanii fooyyessuuf suluula laga Green gadii keessatti boyii fi daagaa dulloomaa fi kufaa jiru maayilii tokkoo ol bakka buusa. Akkasumas daandii jiran, karaa, fi paarkii jiran walitti makuun carraa bashannanaa qarqara Laga Green jiru guddisa.

Bal'inaan guutummaa King County keessatti, Kutaan To'annoo Lolaa saboota gosoota, aangoo naannoo, fi bu'aa hin qabne lolaa hir'isuu fi qabeenya uumamaa eeguu gargaaruuf Gargaarsa Lolaa Hir'isuu kennaa jira. Sagantaan jalqabaa pirojektoota lolaa naannoo giddugaleessaa fi xixiqqaa hir'isuu irratti xiyyeeffate bara 2021tti babal'atee sagantaalee dorgommii haaraa sadii addatti sululawwan magaalaa, dhiqannaa qarqara galaanaa fi lolaa qarqara galaanaa, fi bakka bu'iinsa bo'oo fi darbiinsa qurxummii irratti xiyyeeffatan uumuuf babal'ateera. Iyyanni 57 bara kana tilmaamaan doolaara miiliyoona 14 maallaqa deeggarsa argamuuf dhiyaateera.

ODEEFFANNOO QABAADHAA

APPLIKEEKSHINII AKEEKKACHIISA LOLAA KING COUNTRY BILISAA

Odeeffannoo wayitaawwaa lolaa appilikeeshinii bilisaa keenyaan argadhaa! Yaa'aawwan lagaa kan ammaa, daataa sadarkaa lagaa, raaguu, fi boqonnaawwan lolaa kan-ammaa too'adhu.

Toora kanarratti *kingcounty.gov/flood* tti seenaa

Available on the App Store | GET IT ON Google play

NU HORDOFAA!

@KCFloodDistrict and @KCDNRP

@KingCountyDNRP

@KingCountyDNRP

BILBILA, ERGAA GABAABAA YOOKIIN IMEELII

Akekkachiisawwan lolaa battalaa bilisaatiif galmaa'aa. Boqonnaa lagaafi lolaatiin akeekachisawwan kan isiniif ta'u uummachuu dandeessu.

Kingcountyfloodcontrol.org/flood yookiin **206-477-4899** irratti bilbilaa

KING COUNTY FLOOD ALERT!

Tajaajilli ibsaa fi hiikkaa baasii tokko malee isiniif kennama. Yoo isaan barbaaddan maaloo 206-477-4812 (TTY Relay: 711)

Irratti nu qunnamaa Hay servicios de interpretación y traducción a su disposición sin costo alguno. Si nos necesitan, llámanos a 206-477-4812; TTY 711

SIRNOOTA LAGA KING COUNTY

KING COUNTY FLOOD WARNING CENTER

206-296-8200 or 800-945-9263 Tajaajilawwan hiikaa afaanii ni jiru; TTY 711.

Materiales traducidos y servicios de intérprete están disponible bajo solicitud: 206-477-4812; TTY: 711.



BEEKAMAA

- WAGGAA-100 HURUFA LOLAA
- KOROJOO CIRRACHAA RAABSA BAKKA
- HIDHA
- SAFARTUU LAGAA Murteessuuf fayyada marsaawwan lolaa* (kanaa gadi ilaalaa)

*Tarree guutuu akeekkachiisa lolaaf safartuuwwan lagoota King Country irraaf gara kana deemaa **kingcounty.gov/flood**

Sagantaa Korojoo Cirrachaa

Korojoowwan cirrachaa salphaa fi bu'aa qabeessadha meeshaalee lolaa qolachuu. Eessaa akka argattan fi akkamitti akka fayyadamtan baradhaa:

kingcounty.gov/sandbags

HURUFA LOLAA FEMA WAGGAA 100

Hurufni lolaa waggaa-100 ¬naannoo yeroo taatee lolaa waggaa kamiyyuu keessatti uumamuu danda'u dhibbeentaa tokko qabutti lola'a¬jedhamee eegamudha. Qabeenyi keessan balaa lo¬laaf saaxilamaa ta'uusaa beekuuf, maaloo **kingcounty.gov/FEMAmap** daawwadhaa yookaan bilbila **206-477-4812** irratti bilbilaa.

ODEEFFANNOO LOLAA YEROO TASAA

How to Prepare for a Flood
kingcounty.gov/floodservices

King County Emergency Alert
kingcounty.gov/alert

King County Emergency News Blog
kcemergency.com

King County Flood Alerts
206-477-4899
kingcounty.gov/flood

King County Flood Warning Center
206-296-8200 or 800-945-9263

King County Housing Repair Program
Baay'ee barbaachisaa wanta ta'eef maallaqa ramaduu suphaa mana jireenyaa galii xiqqaa qabanii, abbootii qabeenyaa manaa ulaagaa guutan.
206-263-9095
kingcounty.gov/housingrepair

King County Road 24/7 Helpline
206-477-8100 or 800-KC-ROADS

King County Road Alerts
kingcounty.gov/roadalert

Metro Transit Disruptions
kingcounty.gov/metro

National Flood Insurance Program
800-427-4661
floodsmart.gov

Public Health Seattle & King County Septic Tank and Well Problems
206-477-8050

KING COUNTY FLOOD CONTROL DISTRICT

King County
Department of Natural Resources and Parks
Water and Land Resources Division

Odeeffannoon kaarataa kanarratti hamatame kan qindaa'ee Kaawuntii King County yoo ta'u, naddawwan garaa garaa irraa fi kan beeksiisa malee kan geedaramuudha. King County fi Distirikitiin To'annaa Lolaa King County bakka bu'aa yookaan mirkaneessa, kan ibsame yookaan mullifame, akkataa sirriitti xumuramee, yeroo karoorfameen, yookaan mirga odeeffannoo kunneenii fayyadamuu to'ata. Sanadi kunis bu'aa qoo'annoof itti fayyadamuuf kan yaadame miti. Kaawuntiin King fi aanaan miidhaawwa waliigalaa, kan addaa, kallattii, kan tasaa, ykn sababii saatiin umamau kamiifuu itti gaafatamaa hin ta'u, kunis ammoo kan galii ykn bu'aa dhabiinsa sababii fayyadamuu ykn dogongora fayyadama odeeffannoo kaartaa kana irra jiruutiin kan mirtaa'e qofaa miti. Gurgurtaan kaartaa kanaa ykn odeeffannookaartaa kanarraa yoo ifatti Kaawuntii King tiin hayyamame malee cimsee kan dhorkameedha.

MIIDHAAWWAN LOLAA LAGAATIIN AKKA DHUFAN EEGAMAN

LAGA cfs = seekondii keessatti kiyuubii faanaa	ISA OL'AANAA DHIYEENYAA	LOLAA OL'AANAA	MARSAA 1- LOLAAN HIN JIRU. Lolaan kamiyyuu hin umamnee.	MARSA 2- LOLAA XIQQOO. Lolaa King County Giddu galli miseensa akeekkachiisa balaa lolaa King Country gargaarsa guyyaatti sa'atii 24 guutuu dhiyeessutti argamu.	MARSAA 3- LOLAA GIDDUU GALEESSAA. Hojjettoonni Paatroolii Lolaa dhaabbilee eegumsa lolaa hordofuuf ergamu. Giddugalli Akeekkachiisa Lolaa ni banama.	MARSAA 4- LOLAA CIMAA. To'attoonni lolaa haalawwan kan to'atan yoo ta'u Jiddugalli Akeekachiisa Lolaa saaqaa ta'a.
SK **SOUTH FORK LAGA SKYKOMISH** Magaala Skykomish tti yaa'a	**20,400 cfs** Gura. 2020	Onk. 2016 dura bakka kanatti daataan yaa'insaa hin jiru.	**6,000 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**10,000 cfs** – Dhiqama qarqara lagaa fi rakkoon lolaan caccabuu uumamuu ni danda'a.	**18,000 cfs** – Dhiqama qarqara lagaa fi rakkoon lolaan caccabuu uumamuu ni mala. Lolaan naannoo gadi jedhaa kan akka kutaa xiqqaa Skylandia Baring fi dhuma lixaa Ganda Timberlane keessatti uumamuu malu.	**27,000 cfs** – Lolaan cimaan naannoolee addatti p 6,000 cfs daagaatiin eegaman of keessatti qabachuu danda'a.
T **LAGA TOLT** Magaalaa Carnation cina yaa'a	**13,800 cfs** Amaj. 2009	**17,400 cfs** Mud. 1959 Ijaaramuu Hidha Laga Tolt dura.	**2,500 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**3,500 cfs** – Daagaan qarqara kibbaa kan jidduu Riqicha Suluula Snoqualmie fi Riqiicha Highway 203 bishaaniin liqimfamuun mudachu danda'a.	**5,000 cfs** – Bishaan Tolt River Rd NE naannoo ollaa San Souci duraanii qaxxaamure. Dabaluu bishaaniin liqimfamuu fi hidha qarqara kibba kan jidduu Riqiicha Suluula Snoqualmie Trail fi Riqiicha Highway 203 irraan dhagala'uun ni jiraata.	**8,500 cfs** – Qarqarri kuufamoota lamaan gara olii sulula Snoqualmie fi Daandii Saffisaa 203 gidduu yaa'a. Yaa'insi dhangala'aa daagaa qarqara kibbaa Riqicha Suluula Snoqualmie Trail fi Riqicha Highway 203 gidduutti NE 32nd St. Jijjiiramni bakka chaanaalii kutaa olka'aa Tolt River Rd NE/361st Avenue NE fi daangaa bahaa Carnation gidduutti uumamuu danda'a.
SN **LAGA SNOQUALMIE** Ida'ama yaa'aa: MF *North fork* MF *Middle fork* SF *South fork*	**45,680 cfs** Onk. 2019	**54,110 cfs** Amaj. 2009	**6,000 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**12,000 cfs** – Daandiiwwan irra darbuu danda'an Neal Rd SE, Reinig Rd, Laga Snoqualmie lixaa RD NE (Walker Rd), Snoqualmie Meadowbrook Rd, fi Mill Pond Rd dabalata.	**20,000 cfs** – Lolaan gadi fageenya adda addaa qabu guutummaa suluula Snoqualmie keessatti uumamuu danda'a. Daandiiwwan irra darbuu danda'an Fall City-Carnation Rd, West Snoqualmie River Rd SE gidduu SE 24th St fi NE Tolt Hill Rd, NE Tolt Hill Rd, fi Novelty Flats Rd dabalata.	**38,000 cfs** – Naannoon manneen jireenyaa muraasni lolaa balaafamaa saffisa olaanaa fi fudhatamuu manaa isaan mudachuu danda'a. Daandiiwwan irra darbuu danda'an SE Reinig Rd, Moon Valley Rd, SE Fish Hatchery Rd, SE David Powell Rd, NE 124th St, fi Woodinville-Duvall Rd kan dabalatudha.
I **YAA'A ISSAQUAH** Olka'iinsa (waltajjii) naannoo Hobart Daataa: Magaalaa Issaquah	**9.53 ft** Gura. 2020	**9.9 ft** Sad. 1990	**6.5 ft** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu. Hojiiwwan Mootummaa Issaquah fi Muummeen Poolisii beeksiifamaniiru. Hordoffiin of eegannoo eegaleera.	**7.5 ft** – Naannoowwan deddeebiin lola'an lolaan akka dhufu eeguu danda'u. Sababa bishaan daandiirraatiin cufamuu karaawwan muraasaa. Muummeen Hojiiwwan Mootummaa Issaquah sochiiwwan ittisa lolaa eegaaniiru.	**8.5 ft** – Lolaan guddaan Issaquah Creek, Tibbetts Creek fi East Fork of Issaquah Creek irratti yaadama. Naannoolee cinaa yaa'aatti lolaa baayyeen mudachu danda'a. Yaaliin ittisa lolaa Hojiiwwan Mootummaa Issaquah guutuun hojiirra oleera.	**9 ft** – Lolaan cimaa, kan Fulbaana 2020 wajjin wal fakkaatu, yookaan isaa ol guutummaa suluula Issaquah fi Tibbetts Creek keessatti. Issaquah-Hobart Road SE fi SR 900 sababa bishaaniin fi caccabaan daandii irra jiraachuun cufamuu ni danda'a. Tattaaffii ittisa lolaa guddaan hojiirra oolaa jira.
C **LAGA CEDAR** Yaa'a Landsburg cinaa	**7,590 cfs** Gura. 2020	**14,200 cfs** Ijaaramuu Hidha Masonry tiin dura.	**1,800 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**2,800 cfs** – Daandii irra yaa'uu fi cufamuu malan daandii SE 184ffaa fi karaa Lower Dorre Don SE dabalata.	**4,200 cfs** – Daandiiwwan irra bahuu danda'a, SR 169 naannoo walqunnamtii Cedar Grove Rd SE, SE 184th St, Byers Rd SE, 216th Ave SE, SE 193rd St, SE 206th St, SE 207th St, Lower Dorre Don Way SE, fi Dorre Don Way SE ni dabalata. Daandiiwwan kunneen baayyeen isaanii kan ollaawwan lafa jiraattoonni itti danqamaniif fi bahuun barbaachisuuf kan karaa kennaniidha.	**5,000 cfs** – Daandiiwwan walirra qaxxamuruun cufamu danda'a, SE Jones Road dhiheenya 156th Pl SE, SR 169 dhiheenya wal argaa Cedar Grove Rd SE, SE 184th St, Byers Rd SE, 216th Ave SE, SE 193rd St, SE 197th Pl, SE 206th St, SE 207th St, SE Bain Rd, SE 225th St, Dorre Don Ct SE, Lower Dorre Don Way SE, Dorre Don Way SE, SE 238th St, fi 244th Ave SE kan dabalatu ta'a. Daandiiwwan kunneen baayyeen isaanii kan ollaawwan lafa jiraattoonni itti danqamaniif fi bahuun barbaachisuuf kan karaa kennaniidha. Yaa'aa gadi fagoo fi saffisaan guutuu sulula lolaatti haalawwan balaafamaa uumuu danda'a.
G **LAGA GREEN** Yaa'a dhiheenya Magaalaa Auburn'tti safaramee ykn eegame	**11,700 cfs** Gura. 2020	**28,100 cfs** Mud. 1959 Ijaaramuu Hidha Howard Hanson dura.	**5,000 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**7,000 cfs** – Suluula yaa'a gubbaa Magaalaa Auburn keessaatti lolaa lafa gadi jedhaa.	**9,000 cfs** – Lolaan gadi fageenya adda addaa qabu golba yaa'aa gubbaa Magaalaa Auburn fi yaa'aa Mill Creek gadaanaa keessatti ni mudata. Suluulli Kibbababa Green Rd fi Suluulli Lixa Rd irra dhangala'uu danda'a.	**12,000 cfs** – Daagawwan to'annoo lolaa murteessoo ta'an turtii irraa kan ka'e laafaa ta'uu danda'u. Jijjiiramni haalawwan lolaa tasaa mudachu danda'a, keessattu naannoolee hidhawwan-ittifamaniitti. Jijjiiramni kunneenis dabaluu bishanii saffiisaa, haguuggii bishaanii bal'aa, cufamu daandilee, fi adda citiinsa tajaajilaa kan hammatu ta'u mala.
W **LAGA WHITE** Yaa'a Hidha Mud Mountain irraa gadhiifamu safarame ykn kan eegamu	**11,700 cfs** Amaj. 2009 Ameerikaatti Ragaa. koorporeshiinii Ijinaroota Waraanaa kan Hidha Mud Mountain irraa dhufan irratti hundaa'uun.	**28,000 cfs** Mud. 1933 Laga White kan dhiheenya Buckley'tti argamu irratti ijaarsa Hidha Mud Mountain dura kan gabaafame.	**4,000 cfs** Hojjattoonni King County of eegannoo irratti argamu.	**5,000 cfs** – Magaalota Pacific fi Auburn keessatti gubbaa yaa'a Riqicha A-St afaan lagaa irra lola'uu ni danda'a. Afaan lagaa irra lola'uun magaalaa Pacific cinaa Kaanaalii Mootummaa fi Paarkii Magaalaa Pacific keessatti mudachuu ni mala. Bishaan cimaan karaa galoo ittisawwan lolaa yerootiin umamuunsaa waan hin oolleedha.	**7,000 cfs** – Sadarkaawwan bishaan olaanaa karaagaloo ittisa lolaa yeroo Magaalaa Pacific keessaatiin umamuunsaa waan hin oolleedha. Yaa'aan bishaanii irraa darbee Government Canal fi Daandii Butte fi dhagala'aa gubbaa A-Street Bridge kan Magaalawwan Pacific fi Auburn tti umamuumsaa waan hin oolleedha. Naannoon jireenyaa Red Creek saffisa olaanaa, dhangala'aa jijjigaa fi manneen lolaan guutamuu balaafamaan mudachu danda'a.	**9,000 cfs** – Saffiisa olaanaa fi dhagala'aa balaafamaan sirna lagichaa guutuu mudachu danda'a. Lolaan qarqara lagaa irraan dhangala'u Magaalota Pacific fi Auburn akka mudatu eegama. Gar-tokkeen galoo ittisawwan lolaa yeroo ni liqimfama ta'a. Dhiheenya Magaalaa Enumclaw'tti bakka qurxummiin itti horsiifamuutti miidhaan qaqabu mala. Bishaan lolaa yaa'aa gubbaa SR 410 kan Hidha Mud tulluu isa dhiheenya Greenwater tti argamuutti irraan yaa'uunsaa hin oolu.